# ERGAA YOHAANNIS ERGE -1[ffaa]

## Dubbii Jireennaa

1 Nu waayee dubbii jireennaa
kan jalqabaa kaasee ture,
kan dhageenye, kan ija[a] keen-
naan argine, kan hubannee fi
kan harka keennaan qaqqabanne
kana labsina. [2]Jireenni muld-
hateera; nus isa argineerra;
dhugaas ni baanaaf[b]. Jireenya
barabaraa isa abbaa bira turee
fi isa nutti muldhate sana isinitti
himna. [3]Isinis akka nu wajjiin
tokkummaa qabaattaniif waan
arginee fi waan dhageenye is-
initti himna; tokkummaan keen-
nas Abbaa fi Ilma isaa Ye-
suus Kiristoos waliin. [4]Nus
akka gammachuun keenna guu-
tuu ta'uuf waan kana barreessina.

## Waaqayyo Ifa

[5]Ergaan nu isa irraa dhageenne,
kan isinittis himnu isa kana; ku-
nis akka Waaqayyo ifa ta'ee
fi akka dukkanis matumaa[c] isa
keessa hin jirree dha. [6]Nu yoo
otoo dukkana keessa jirruu isa
waliin tokkummaa qabna jenne
ni sobna; dhugaanis hin jiraannu.
[7]Garuu akkuma inni ifa keessa
jiru sana, nus yoo ifa keessa
jiraanne walii wajjiin tokkummaa
qabna; dhiigni Ilma isaa, dhiigni
Yesuus cubbuu hundumaa irraa
nu qulqulleessa.
[8]Nu yoo cubbuu hin qabnu
jenne uf gowwoomsina; dhugaanis
nu keessa hin jiru. [9]Nu yoo cub-
buu keenna himanne, inni cub-
buu keenna nuu dhiisuuf[d] aman-
amaa fi qajeelaa dha; jallina
mara irraas nu qulqulleessa. [10]Nu
yoo cubbuu hin hojjanne ufiin
jenne sobduu isa goona; dubbiin
isaas nu keessa hin jiru.

2 Yaa ijoollee kiyya, ani akka
isin cubbuu hin hojjanneef
waan kana isinii barreessa; garuu
yoo namni tokkolleen cubbuu
hojjate nu Abbaa biraa abukaat-
too[e] qabna; innis Yesuus Kiris-
toos isa qajeelaa sana. [2]Inni
aarsaa dhiifama[f] cubbuu keen-
naa ti; cubbuu keenna qofaaf
otoo hin ta'in cubbuu addunyaa
maraatiifis aarsaa dha.
[3]Nus yoo ajaja isaatiif ajajamne
akka isa beennu ni hubanna. [4]Namni,

[a]1 ykn *ila;* [b]2 ykn *nirageessinaaf/ indhugeessinaaf;* [c]5 ykn *diqqumallee;* [d]9 ykn *haraaramuuf;* [e]1 *nama fuula seeraa duratti namaa falmu;* [f]2 ykn *sooriyoo haraaraa;* [g]4 ykn *hinguunne*

**1:1** *Dubbii* - Dubbiin kun dubbii Waaqaa kan addunyaan ittiin uumamtee jiraattuudha; dhubbichi eenyummaa Waaqaa muldhisa; fedhii isaa, qaroomaafi humna isaas ni ibsa. Dubbiin kun karaa Yesuus Kiristoosiitiin nama ta'e.

"ani isa beeka" jedhee garuu
ajaja isaa hin raawwanne[g] kami-
yyuu sobduu dha; dhugaanis isa
keessa hin jiru. 5Garuu namni
kamiyyuu yoo dubbii isaatiif
ajajame jaalalli Waaqayyoo
dhugumaan isa keessatti guu-
tuu ta'a; kanaanis nu akka isa
keessa jirru ni beenna. 6Namni
ani isa keessa nan jiraadha ufiin
jedhu kamiyyuu akkuma Yesuus
jiraate sanatti jiraachuu qaba.

7Yaa michoota[h] kiyya, ani
ajaja moofaa[i] isuma jalqabaa
kaasee isin bira ture sana malee
ajaja haaraya isinii hin bar-
reessu; ajajni moofaan kunis
ergaadhuma isin dhageettan
sana. 8Ta'us ani ajaja haaraya
tokko isiniif nan barreessa; sa-
babiin isaas dukkanichi dabraa,
ifni dhugaan immoo waan am-
mayyuu ifaa jiruuf dhugaan isaa
isa keessattii fi isin keessatti ni
muldhata.

9Namni ani ifa keessa jira ufiin
jechaa obboleessa isaa immoo
jibbu kamiyyuu ammallee duk-
kana keessa jira. 10Namni obbo-
leessa isaa jaalatu cuftinuu ifa
keessa jiraata; wanni isa gu-
fachiisu tokkoyyuu isa keessa
hin jiru. 11Namni obboleessa isaa
jibbu garuu dukkana keessa jira;
dukkanuma keessa jiraatas. Duk-
kanni sunis waan ija[j] isaa jaam-
seef inni gara deemu hin beeku.

12Yaa ijoollee kiyya,
cubbuun keessan sababii
maqaa isaatiif
waan isinii dhiifameef ani is-
inii barreessa.
13Yaa abbootii,
Isin isa jalqabumaa kaasee jiru
sana waan beettaniif
ani isinii barreessa.
Yaa dargaggoota,
isin isa hamaa sana waan
moo'attaniif
ani isinii barreessa.
Yaa ijoolle,
isin waan abbaa beettaniif
ani isinii barreessa.
14Yaa Abbootii,
isin isa jalqabumaa kaasee jiru
sana waan beettaniif
ani isinii barreessa.
Yaa dargaggoota,
isin waan ciccimoo taataniif,
Waan dubbiini Waaqaalleen isin
keessa jiraatuuf,
isa hamaa sanas waan moo'at-
taniif
ani isinii barreessa.

**Addunyaa Hin Jaalatinaa**

15Addunyaa yookaan waan
addunyaa keessa jiru tokkollee
hin jaalatinaa; eenyulleen addun-
yaa jaalannaan jaalalli Abbaa
isa keessa hin jiru. 16Wanni addun-
yaa keessa jiru hundinuu jechuunis
hawwiini foonii, dharaani ijaa,
akkasumas qabeennaan uf tuuluun

[h]7 ykn *jaallan /hiriyyoota;* [i]7 ykn *dulla-cha;* [j]11 ykn *ila*

kan addunyaati malee kan Abbaatii miti. 17Addunyaa fi hawwiini isii ni badu; namni fedhii Waaqayyoo raawwatu garuu barabaraan jiraata.

### Dhufaatii Warra Kiristoosiin Mormanii

18Yaa ijoolle, yeroon kun yeroo dhumaa ti; akka inni Kiristoosiin mormu sun dhufu akkuma dhageettan sana ammumayyuu warri Kiristoosiin morman baay'een dhufaniiru; kanaaf akka yeroon kun yeroo dhumaa ta'e beenna. 19Isaan nu keessaa ba'an malee dhugumaan keenya hin turre; otoo keenya ta'anii nu biratti hafu turan; nu biraa deemuun isaanii garuu akka tokkooni isaaniiyyuu keenya hin ta'in muldhise.

20Isin garuu isa qulqulluu sanaan dibamtaniirtu; waan maras ni beettu; 21sababiin ani isinii barreessuuf waan isin dhugaa beettanii fi akka sobni tokkoyyuu dhugaa keessa hin jirres beettaniif malee waan isin dhugaa hin beenneefii miti. 22Nama akka Yesuus masiihii[k] ta'e ganu[l] malee sobduun eennu ree? Namni akkasii Kiristoosiin morma; Abbaa fi Ilmas ni gana. 23Namni Ilma ganu kamiyyuu Abbaallee hin qabu; namni waayee Ilmaa dhugaa bawu[m] cuftinuu Abbaas qaba.

24Wanni isin jalqabaa kaaftanii dhageettan sun isin keessa haa jiraatu; yoo wanni jalqabaa kaaftanii dhageettan isin keessa jiraate isinis Ilmaa fi Abbaa keessa nijiraattu. 25Wanni inni waadaa[n] nuu gale kanaadha.kunis jireenna barabaraa ti.

26Ani waayee warra karaa irraa isin jallisuu yaalan sanaatiif waan kana isinii barreesse. 27Garuu dibanni isin isa irraa argattan sun waan isin keessa jiraatuuf namni tokkolleen isin barsiisuun isin hin barbaachisu; dibanni isaa sun waan waayee hundumaa isin barsiisuuf, dibanni sunis waan dhugaa malee soba hin ta'iniif akkuma inni isin barsiise sanatti isa keessa jiraadhaa.

### Ijoollee Waaqayyoo

28Ammas yaa ijoolle, akka yommuu inni muldhatutti ija[o] jabeenna qabaannuuf, akka nu guyyaa dhufaatii isaattis fuula isaa duratti hin qaanofneef isa keessa jiraadhaa.

29Isin yoo akka inni qajeelaa ta'e beettan, akka namni waan qajeelaa hojjatu martinuu isa irraa dhalate ni beettu.

3 Nu akka ijoollee Waaqayyoo jedhamnee waamamnuuf

[k]22 ykn *Kiristoos;* [l]22 ykn *mormu;* [m]23 ykn *dhugeessu /rageessu;* [n]25 ykn *kakuu;* [o]25 ykn *adda*

jaalalli Abbaan nurratti dhan-
galaase akkam guddaa dha! Nus
akkasuma ijoollee isaa ti;
sababiin biyyi lafaa nu hin
beenneefis sababuma isa hin
beekiniif. 2Yaa michoota[p], nu
amma ijoollee Waaqayyoo ti;
gara fuula duraatti immoo maal
akka taanu amma hin beekamne;
garuu yommuu inni muldhatutti
sababii akkuma inni jirutti isa
arginuuf nu akkuma isaa akka
taanu ni beenna. 3Namni akkasitti
isa abdatu cuftinuu akkuma inni
qulqulluu ta'e sana uf-qulqulleessa.

4Namni cubbuu hojjatu hundi-
nuu seera cabsa; cubbuuni seera
cabsuudhaatii. 5Isin garuu akka
inni cubbuu keenna nurraa fuud-
huuf jedhee muldhate ni beettu;
isa keessas cubbuun hin jiru.
6Namni isa keessa jiraatu kamiy-
yuu cubbuu hin hojjatu; namni
cubbuu hojjatu kamiyyuus isa
hin argine yookiin isa hin beenne.

7Yaa ijoolle, namni tokkoyyuu
karaa irraa isin hin jallisini; ak-
kuma inni qajeelaa ta'e sana
namni waan qajeelaa hojjatus
qajeelaa dha. 8Namni cubbuu
hojjatu kan Daabiloosii ti;
Daabiloos jalqabumaa kaasee
cubbuu hojjataatii; wanni Ilmi
Waaqayyoo muldhateefis hujii
Daabiloosii balleessuuf. 9Namni
Waaqa irraa dhalate kamiyyuu
waan sanyiin Waaqaa isa keessa
jiraatuuf cubbuu hin hojjatu; inni
waan Waaqa irraa dhalateef cub-
buu hojjachuu hin danda'u. 10I-
joolleen Waaqayyootii fi ijool-
leen daabiloosi kanaan gargar
baafamanii beekamu; namni
waan qajeelaa hin hojjanne
yookaan obboleessa isaa hin
jaalanne kamiyyuu kan Waaqay-
yootii miti.

### Waljaaladhaa

11Ergaan isin jalqabaa kaaftanii
dhageettan isuma, "nu wal-
jaalachuu qabna" jedhuu dha.
12Isin akka Qaayel kan isa
hamaa sanaa ta'ee obboleessa
isaa ajjeesee hin ta'inaa; inni
maaliif obboleessa isaa ajjeese?
Sababii hujiin isaa jaldhaa ta'ee
kan obboleessa isaa immoo qa-
jeelaa ta'eef. 13Yaa obboleeyyan
kiyya, yoo biyyi lafaa isin jibbe
isin hin dinqin[q]. 14Nu sababii
obboleeyyan jaalannuuf akka
du'a keessaa gara jireennaatti
ceene[r] ni beenna; namni obbo-
leessa isaa hin jaalanne du'a
keessa jiraata. 15Namni obbo-
leessa isaa jibbu kamiyyuu nama
nama -ajjeesuu dha; isinis akka
namni nama ajjeesu tokko jireenna
barabaraa hin qabne beettu.

16Yesuus Kiristoos jireenya
isaa dabarsee nu kenneera;
jaalalli maal akka ta'es kanaan
beenna; nus akkasuma jireenna
keenna dabarsinee obboleeyyan

[p]2 ykn *jaallan/hiriyyoota*; [q]13 ykn *hin mamsiisin/hin ajaa'ibsiisin;* [r]14 ykn *taakkine*

keennaaf kennuu qabna. 17Namni
tokko yoo otoo qabeenna biyya
lafaa qabuu obboleessa isaa rak-
kataa argee garaa itti jabaate
jaalalli Waaqayyoo akkamitti isa
keessa jiraachuu danada'a? 18Yaa
ijoollee kiyya, koottaa dubbii
yookiin afaan qofaan otoo hin
ta'in hujii fi dhugaan jaalannaa.
19Nus namoota dhugaa ta'uu
keenna kanaan beenna; fuula
isaa durattis garaa keenna qab-
baneessina. 20Kanas yeroo ga-
raan keenya nutti muru mara ni
goona; Waaqayyo qalbii keenna
irra guddaadhaatii; waan maras
ni beeka.

21Yaa jaallani, yoo garaan
keenna nutti muruu baate nu
fuula Waaqaa duratti ija[s] ja-
beenna qabna. 22Nus sababii
ajaja isaa eegnuu fi sababii waan
isa gammachiisu hojjannuuf
waan kadhannu cufa isa irraa ni
arganna. 23Ajajni isaas kana;
innis akka nu maqaa Ilma isaa
maqaa Yesuus Kiristoosiitti
amannuu[t] fi akka akkuma inni
nu ajajetti wal jaalannuufi. 24Warri
ajaja isaa eegan isa keessa jiraatu;
innis isaan keessa jiraata;
karaa kanaanis akka inni nu
keessa jiraatu nu hafuura inni
nuu kenneen ni beenna.

### Hafuurota Qoradhaa

4 Yaa michoota[u] jaalatamoo,
hafuuronni kan Waaqayyoo
ta'uu fi ta'uu baachuu isaanii
ilaaluuf qoraa malee hafuurota
hundumaa hin amaninaa[v]; raa-
jonni[w] dharaa gara biyya lafaatti
gad ba'aniiruutii. 2Haalli isin
ittiin hafuura Waaqayyoo beet-
tanis kanuma; akka Yesuus
Kiristoos fooniin dhufe hafuurri
dubbatu marti kan Waaqayyoo
ti; 3hafuurri Yesuusiif dhugaa
hin baane[x] cufti kan Waaqay-
yootii miti; innis hafuura isa
Kiristoosiin mormuu, kan isin
akka inni dhufu dhageettan
sanaa ti; innis ammumayyuu
biyya lafaa keessa jira.

4Yaa ijoolle, isin kan Waaqay-
yoo ti; isaanis moo'attaniirtu;
inni isin keessa jiru kan isaan
keessa jiru sana caalaa guddaad-
haatii. 5Isaan kan biyya lafaa ti;
kanaaf wanni isaan dubbatanis
kanuma biyya lafaati; biyyi la-
faas isaan caqasa. 6Nu immoo kan
Waaqaa ti; namni Waaqa beeku
hundinuus nu caqasa; Namni kan
Waaqaa hin ta'in garuu nu hin
caqasu. Kanaanis Hafuura
dhugaatii fi hafuura dharaa ad-
daan baafnee ni beenna.

### Jaalala Waaqaatii Fi Jaalala Keenna

7Yaa jaallani, waan jaalalli kan
Waaqaa ta'eef koottaa wal-
jaalannaa; namni jaalatu marti

[s]21 ykn *adda;* [t]23 ykn *dhugeeffannuu;* [u]1 ykn *jaallan/hiriyyoota;* [v]1ykn *hind-hugeeffatinaa;* [w]1 ykn *raagonni;* [x]3 ykn *hindhugeessine/hinrageessine*

Waaqa irraa dhalate; Waaqas ni
beeka. **8**Sababii Waaqni jaalala
ta'eef namni hin jaalanne cufti
Waaqa hin beeku. **9**Waaqayyo
akka nu karaa isaatiin jireenna
argannuuf jedhee Ilma isaa tok-
kicha sana gara biyya lafaatti
erge; kanaanis jaalalli Waaqayyoo
nu jidduutti muldhateera. **10**Jaalalli
isa kana; innis sababii nu Waaqa
jaalanneef otoo hin ta'in sababii
Waaqayyo nu jaalatee akka inni
aarsaa[y] araara cubbuu keennaa
ta'uuf jedhee Ilma isaa ergeef.
**11**Yaa michoota, erga Waaqayyo
akkana nu jaalatee nus wal-
jaalachuu qabna. **12**Namni tok-
kolleen takkumaa Waaqa hin
argine; yoo wal-jaalanne garuu
Waaqni nu keessa jiraata; jaalalli
isaas nu keessatti guutuu ta'a.

**13**Inni waan hafuura isaa irraa
nuu kenneef nu akka isa keessa
jiraannuu fi akka innis nu keessa
jiraatu ni beenna. **14**Abbaan
akka inni fayyisaa biyya lafaa
ta'uuf jedhee akka Ilma isaa erge
argineerra; nidhugeessinas.
**15**Yoo namni kamiyyuu akka Ye-
suus Ilma Waaqaa ta'e dhugeesse
Waaqni isa keessa jiraata; innis
Waaqa keessa jiraata. **16**Kanaaf
jaalala Waaqayyo nuuf qabu
beenna; ni amannas.

Waaqayyo jaalala; namni jaala-
laan jiraatu Waaqa keessa jiraata;
Waaqnis isa keessa jiraata. **17**Nus
akka guyyaa murtiitti ija[z] jabeenna
qabaannuuf karaa kanaan jaalalli
nu jidduutti guutuu ta'eera; sa-
babiin isaas nu addunyaa kana
irratti isuma fakkaannaatii. **18**Jaalala
keessa sodaan hin jiru; sodaan
waan adaba wajjiin wal-qabatee
jiruuf jaalalli mudaa[a] hin qabne
sodaa uf keessaa baasee gata;
jaalalli nama sodaatu tokkoos
guutuu miti.

**19**Nu sababii inni duraan dursee
nu jaalateef isa jaalanna. **20**Namni,
"ani Waaqa nan jaaladha" jechaa
obboleessa isaa immoo jibbu
kamiyyuu sobduu dha; namni
obboleessa isaa kan ija[b] isaatiin
arguyyuu hin jaalanne Waaqa
takkummaa hin argin sana ak-
kamitti jaalachuu danda'a ree?
**21**Kiristoos ajaja, "namni Waaqa
jaalatu kamiyyuu obboleessa
isaa jaalachuu qaba" jedhu kana
nuu kenneera.

### Ilma Waaqaatti Amanuu

**5** Namni akka Yesuus mataan
isaa masiihii ta'e amanu[c]
martinuu Waaqa irraa dhalate;
namni Abbaa jaalatu martinuu
ijoollee Abbaa irraa dhalatanis ni
jaalata. **2**Nu yommuu Waaqa
jaalannuu fi yommuu ajaja isaa
eegnutti akka ijoollee Waaqayyoo
jaalannu kanaan beenna. **3**Waaqa
jaalachuu jechuun ajaja isaa eeguu
dha; ajajni isaas kan ulfaatuu
miti. **4**Namni Waaqa irraa dhalatu

[y]10 ykn *sooriyoo;* [z]17 ykn *adda;* [a]18 ykn *hirdhinna;* [b]20 ykn *ila;* [c]1 ykn *dhugeef-fatu*

hundinuu addunyaa ni moo'ataatii;
kan addunyaa moo'atus amantii
keenna. 5Nama akka Yesuus Ilma
Waaqayyoo ta'e amanu malee
eennuttu addunyaa moo'ata ree?

6Inni bishaanii fi dhiigaan dhufe
isa kana; innis Yesuus Kiristoos;
inni bishaanii fi dhiigaan dhufe
malee bishaan qofaan hin dhufne;
kanas hafuuratu dhugaa ba'a[d];
Hafuurri dhugaadhaatii. 7Dhuga-
baatota sadiittu jira; 8Isaanis Haf
uura, bishaanii fi dhiiga sada-
nuus walii galu. 9Dhuga-bayiisa
namaa ni fudhanna; dhuga-bayiisni
Waaqayyoo garuu kana caalaa
guddaa dha; dhuga-bayiisni kun
isa Waaqayyo waayee Ilma isaa
dhugaa ba'e sanaatii. 10Namni
ilma Waaqayyootti amanu kami-
yyuu dhuga-bayiisa kana garaa
isaa keessaa qaba; namni Waaqa
hin amanne garuu waan isa Waa
qni waayee ilma isaa dhugaa
baye sana hin amaniniif inni Wa
aqayyuu sobduu godheera. 11Dhu
ga-bayiisni sunis isa kana; Waa
qayyo jireenna barabaraa nuu
kenneera; jireenni sunis Ilma
isaa keessa jira. 12Namni Ilma
sana qabu jireenya qaba; namni
Ilma Waaqayyoo hin qabne im-
moo jireenya hin qabu.

**Yaada Xummuraa**

13Isin warri maqaa Ilma
Waaqayyootti amantan akka
jireenya barabaraa qabaachuu
keessan beettaniif ani waan
kana isinii barreessa. 14Ija ja-
beenni nu fuula Waaqayyoo du-
ratti qabnu isa kana; yoo akka
fedhii isaatti waan cufa isa
kadhanne inni nuuf dhaga'a.
15Nu yoo akka inni Waan nu
kadhannu hunda nuuf dhagawu
beenne, akka waan isa kadhan-
nes argannu ni beenna.

16Namni tokko yoo otoo obbo-
leessi isaa cubbuu gara du'aatti
isa hin geessine hojjatuu arge
Waaqa kadhachufii qaba;
Waaqayyoos warra cubbuuni
isaanii gara du'aatti isaan hin
geessineef jireenna ni kenna;
cubbuuni gara du'aatti nama
geessu jira; anis waan ak-
kasiitiif haa kadhatu jechuu
kiyyaa miti. 17Jallinni mar-
tinuu cubbuu dha; cubbuun gara
du'aatti nama hin geessines jira.

18Namni Waaqa irraa dhalate
kamiyyuu akka cubbuu hin ho-
jjanne ni beenna; sababii Ilmi isa
eeguufis hamaan isa tuquu hin
danda'u. 19Nu akka ijoollee Waaqay-
yoo taanee fi akka addunyaan
immoo guutummaatti human isa
hamaa sanaa jala jiru ni beenna.
20Akkasumas akka Ilmi Waaqay-
yoo dhufe, akka isa dhugaa ta'e
sanas beennuuf akka hubannaa
nuu kenne ni beenna; nus Ilma
isaa isa dhugaa ta'e sana jechuunis
Yesuus Kiristoos keessa jirra;

[d]6 ykn *dhugeessa/rageessa*

inni Waaqa dhugaa ti; jireenna barabaraatis.

21Yaa ijoolle, waaqota tolfamoo irraa uf - eegaa.